# سُورَةُ الفَجۡرِ
# Suuraa Fajri

*Dura, dursoo suuran tun {suuratulfajri} je'amti — قبل كل شئ هذه هي سورة الفجر

*Isiin suuraa makkaati . — وهى سورة مكية

*Aayaanni isi'ii soddoma . — وآياتها ثلاثـون

*Lakkooysi , isi`ii saddeettamii sagali. — وعددهـا تسع وثمانون

*Isiin,eega {suuratulleylitii} buute — نزلت بعد سورة الليـل

*Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata qabuutii. — بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

**1}***Yaa,ergamaa kiyya Muhammad bariisaa guyyaa hundaatinin siif khakhadhaa. — وَٱلۡفَجۡرِ ١

**2}***ammallee khurnan duraa Kan baatii arafa`aa takkaa baatii hajji`iitinan siif khakhadhaa — وَلَيَالٍ عَشۡرٖ ٢

*Ammallee waan Rabbiin qindii godhee uumefii, — وَٱلشَّفۡعِ

**3}***Waan qarii taye hundaanan siif khakhadhaa. — وَٱلۡوَتۡرِ ٣

**4}***Ammallee halkan dhufee dabruunan khakhadhaa — وَٱلَّيۡلِ إِذَا يَسۡرِ ٤

*Waan dubbanne saniin khakhatuu keessa kakatuun jiraa — هَلۡ فِي ذَٰلِكَ قَسَمٞ

**5}***Nama aylii qabuuf ? duuba waan dubbanne ,saniin sii khakhadhee ormi kuffaaraa ,kan si kijibsiise kun, qixaaxamu`uuf jiraata. — لِّذِي حِجۡرٍ ٥

*Yaa ergamaa kiyya , hin beynee ?. — أَلَمۡ تَرَ

**6}***Waan Rabbiin ummata aaditti dalage hojjate. — كَيۡفَ فَعَلَ رَبُّكَ بِعَادٍ ٦

*{Aad} ummata { iram } je`amuu , — إِرَمَ

**7}***Orma dhedheeraa,akkaan humna qabu. — ذَاتِ ٱلۡعِمَادِ ٧

ٱلَّتِي لَمۡ يُخۡلَقۡ مِثۡلُهَا فِي ٱلۡبِلَٰدِ ٨

**8}***Kan namni akka isaanii addunya`arratti hin uumamin humnaafii waan biraa keessatti bakkeen isaan taa`uu turan , biyya {hgadramawt} je`amtu.gaafas biti hgadramawtifii, bitti gaafa afrika`aa walitti dhaabbattii,bishaan jidduu hin jiru .hanga jaziiraa {soomqaxraa} je`amtutti,lafa. Duuba eegasii mootin addunya`aa kan {zul qarneyni} je`amu , akka gariin je`utti bahara hindii as taraaree , bishaan bahar as jigee , baharri diiman argamee .bitti lamaan adda muramte , wa-nni Rabbiin orma iram godhe isaan quufanii , kara`arraa baanan , nabiyyicha tokko , kan { huud } je`amu isaanitti ergee , badii itti jirtan dhiisaa je`een ; jennaanin dhugu`oomsuu didanii , badii keessa jiran itti fufan, duuba hoggaa isaan nabii, isaanii khijibsiisan,Rabbiin ummata {iram} san, warra nabiyyicha saanitti amane malee lafarraa fixa.

وَثَمُودَ

*Ammas waan Rabbiin ummata {thamuud} je'amutti dalage hin beynee?,

ٱلَّذِينَ جَابُواْ ٱلصَّخۡرَ

*Ummanni thamuud sun kanneen jabeenya keessa dhagaa , gurguddaa cacabsanii mana godhatan , tulluu dhaga'aa qotanii , ganda godhanii keessa galan ,{ jaabuu } jechuun ; ciran takkaa cabsan jechu'.

بِٱلۡوَادِ ٩

**9}***Bakkeen isaan itti ,mana akkanaa jaaratan ,biyya takka tan {waadilqiraa} je`amtu bitti tun amma ,{ diyaar thamuud } je`amtee , beekkamtii biyya { su`uudi`ii } keessa jirti ,hoggaa tabuukirraa,gara biyya { ordon}deeman,akkan gaafan shaamitti deemu ija tiyyaan argee, ajaa`iba gohe. { 1952 } .
Wanni Rabbiin ummata {thamuud} godhe , obboleessa isaanii kan {saalihg} je`amu,itti ergeeti,ummanni kun karaa Rabbirraa bayee , karaa qajeelchi je`een ,akka inni ergaa isaa taye , asxaa mul`attuu kenneefii duuba dubbii isaa dhagayuu dinnaan , Rabbiin balaa isaanitti buusee ,lafarraa isaan fixe.

وَفِرۡعَوۡنَ

*Ammas ,waan Rabbiin fir`awna godhe hin beynee,

ذِي ٱلۡأَوۡتَادِ ١٠

**10}***{Firkgawna} mootii misraa kan {awtaada }qabu {awtaad} jechuun shakhaala fir`awna ,dhifaa ,yookaa shikhaala mukaa afur ,lafatti dhayee,qaba nama qixaaxu`uu deemu,miila lamaanifii,harka lamaan itti hidhee qixaaxu`uu jecha.
Wanni Rabbiin fir`awna godhe , inni quufee an Rabbi ifiin jennaan , nabi musaa itti ergee karaa Rabbii qajeelchi je`een milikkata inni ergaa isaa tayu`uu kenneefii , duuba fir`awna dubbii ergamaa Rabbii , dhagayee qajeeluu dinnaan , Rabbiin isaafii ashkara isaa baharitti darbee fixe.

ٱلَّذِينَ طَغَوۡاْ فِي ٱلۡبِلَٰدِ ١١

**11}***Ormi sun warra addunyaa tanarratti quufee wasanaa bayee.

فَأَكْثَرُوا۟ فِيهَا ٱلْفَسَادَ ﴿١٢﴾

**12}***Badii addunyaa tana? Keessatti heddommeysan ,rabbitti kafaranii, haqa namaa balleessanii kana ajjeesanii kaan gabroonfatan ammallee waan biraatin dachii balleessan

فَصَبَّ عَلَيْهِمْ رَبُّكَ

*Duuba Rabbiin kee warra akkasitti lafa balleessee, karaa Rabbirraa baye san, itti gad naqe. takkaa itti buuse, yookaa dhangalaase

سَوْطَ عَذَابٍ ﴿١٣﴾

**13}***Gosa azaabaa cufa, kana qilleessan lafarraa fixee ,kaan iyyansa malaayka`aatin kaan bishaan bahariin , lafarraa fixe , duuba akka jara sanitti ummanni kee dhumu`uu taa'aa beekhi yoon qajeelin.

إِنَّ رَبَّكَ لَبِٱلْمِرْصَادِ ﴿١٤﴾

**14}***Rabbiin kee ,dalagaa nama hundaati eegaa,quba qabaa wanni duraa bayaa hin jirtu,nama hunda waan inni dalagurraa gaafatu`uu taa`a , kheyrii tayuu sharrii tayuu.

فَأَمَّا ٱلْإِنسَٰنُ

*Ammoo namni Rabbii isaa moromu , kan Rabbiin dalagaa nama maraa quba qabaa hin beyne .

إِذَا مَا ٱبْتَلَىٰهُ رَبُّهُۥ

*Hoggaa Rabbiin waan inni tayu laalu`uu jecha , isa mokkoree

فَأَكْرَمَهُۥ وَنَعَّمَهُۥ

*Isa guddisee, hori`iin , yookaa waan biraatin isa qananiise,Rabbii waan san isaa kenne ,beekheti , isaaf galata galchamoo , hin galchuu laalu`uu jecha .

فَيَقُولُ رَبِّىٓ أَكْرَمَنِ ﴿١٥﴾

**15}***Rabbiin kiyya na jaalalaaf , na guddisee ,waa naa kenne, je`eeti, jallina yookaa balleessaa isaa keessa fagaata.

وَأَمَّآ إِذَا مَا ٱبْتَلَىٰهُ

*Ammoo yoo Rabbiin isa laalu'uu jecha , isa mokkoree,

فَقَدَرَ عَلَيْهِ رِزْقَهُۥ

*Rizqii itti rakkise, horii yookaa fayyaa takkaa ilmaan itti ,xiqqeessee mokkore waan inni tayu laalu`uu jecha ,waan Rabbiin dalage jaalateeti obsamoo, waan inni dalage jibbeeti, Rabbii isatti dallanaa laalu`uu jecha,

فَيَقُولُ رَبِّىٓ أَهَٰنَنِ ﴿١٦﴾

**16}***Wanni inni je`u Rabbiin na xiqqeesse ,tanaaf natti rakkise je`eeti sabrii dhabee waan Rabbiin dalage jibbee kafara, kuffaarri makkaa gaafas wanni yaadu na-

mni Rabbiin guddise, nama horii , yookaa qananii qabu namni horii hin qabne ,nama Rabbi biratti gatii hin qabne jechu’, duuba Rabbiin akki je`een.

كَلَّا *Dhiisaa, akkas hin yaadinaa Rabbi biratti ,guddina qabaatun waa durummaa yookaa horii qabaatu`uunii mitii, ammallee xiqqeenyi, waa deegummaa, yookaa horii dhabu`uunii mitii guddinaa xiqqeenyi wanni laalamuun Rabbi biratti ibaadaa Rabbii qabaatu`uufii, ibaadaa,isaa dhabu`u,namni Rabbii ifii dhagayu ,hiyye-essileen kabajama`.ammoo namni Rabbittin amanin dureessilleen saphlataa, maalif {waaqa} yookaa Rabbi biratti addunyaan gatiin qabdu ,tanaaf nama jaalatuufii,kan jibbulle`ee kenna ,akkuma nama jaalatuufii kan jibbullee dhoo-wwatu mokkoru`uuf jecha,kan argatu galata isaa galchee , dhabu obsuufii,kan argatu qooqee dhabu Rabbitti dallanu adda baasu`uuf .

بَل لَّا تُكْرِمُونَ الْيَتِيمَ ﴿١٧﴾ **17}***Rabbiin orma isa moromuun akki je'e isin odoo horii qabdanuu hiyyeessa abbaan irraa du`eef waan kennitan , waan inni dha-alarraa haqa godhatu , hin kennitaniif.

وَلَا تَحَاضُّونَ *Walis hin kaaftan , yookaa wal hin mir-qaansitan

عَلَىٰ طَعَامِ الْمِسْكِينِ ﴿١٨﴾ **18}***Miskiina deegaa waan qabne nyaachis-u'urratti , keessattuu zamana abaar , takkaa beelaa.

وَتَأْكُلُونَ التُّرَاثَ *Dhaala , yookaa waan namarraa dhaalamu ni nyaattan,

أَكْلًا لَّمًّا ﴿١٩﴾ **19}***Nyaatinsa jabaa , akkuma agartanitti kan waan nyaatun isinii gayuufii kaan ad-daan hin baafanne.

وَتُحِبُّونَ الْمَالَ حُبًّا جَمًّا ﴿٢٠﴾ **20}***Isin horii jaalala jabduu jaallatan kan Jaalala hori`iitii jecha , haqa namaatifii , kan Rabbillee balleessitan ,waan beerafii , joollen , nama isaanii , kan du`erraa dha-altu ,ifii fudhattaniiti ,horii isaanirraa isaan agabsitan takkaa hoongessitan.

كَلَّا *Akkas hin dalaginaa , haala hamaa itti jirtan dhiisaa, ar`aa boru isiniin toluu,

إِذَا دُكَّتِ الْأَرْضُ دَكًّا دَكًّا ﴿٢١﴾ **21}***Gaafa dachiin sossootee , wanni isi`irra jiru hundi caccaphxee dhabamte.

وَجَاءَ رَبُّكَ *Gaafa Rabbiin kee amrii saatin dhufe dhu-fiinsa isaan malu,

وَٱلۡمَلَكُ صَفّٗا صَفّٗا ٢٢

**22}***Ammas malaaykan salfii heddu'uun dhuftee, dhaabbatte , sun guyyaa qiyaam-a`aatii.

وَجِاْيٓءَ يَوۡمَئِذِۭ بِجَهَنَّمَۚ

*Gaafa ibidda jahannam qabanii ,dhu faniin, luugama kuma torbaatama itti dhawanii harkisa`aa fidan kan luugamni hundi harka malaaykaa torbaatamaa jiru , kan hafuura darba'aa iyya`aa , nama gubu`uuf as utaalu , kan malaaykan if duuba deebiftu ,

يَوۡمَئِذٖ يَتَذَكَّرُ ٱلۡإِنسَٰنُ

*Gaafa wanni dubbanne sun Argamte ,sun guyyaa qiyaama`aatii, kaafirri waan addunya`arratti dalage yaadateeti , sheenaya .

وَأَنَّىٰ لَهُ ٱلذِّكۡرَىٰ ٢٣

**23}***Haatayuu ,yaadannaan inni yaa datu sheenan inni sheenayu, akkamitti isa fayyyadi ? hin fayyaddu jechuu, waytiin sheenan nama fayyaddu dabartee , sun gaafa addunya'arra jiranii, kan nama waan hamtuu dhiisee sheenayeef , Rabbiin dilii araaramu.

يَقُولُ يَٰلَيۡتَنِي قَدَّمۡتُ لِحَيَاتِي ٢٤

**24}***Guyyaa san kaafirri akki je`u odoodhan addunya`arratti amanee , waan gaarii dalagee, dabarfadhee silaa guyyaa qiyaama`aa kana, jiruu gaarii argadhee mitii? je`eeti sheenaya haatayuu sheenan isaa , waa takka isaan tartu hin fayyaddu.

فَيَوۡمَئِذٖ لَّا يُعَذِّبُ عَذَابَهُۥٓ أَحَدٞ ٢٥

**25}***Guyyaa qiyaama`aa san, azaaba akka Rabbiin ,nama isatti balleyse azzabuu ,takkaa , qaxxa`uu namni waa qaxxa`u hin jirre

وَلَا يُوثِقُ وَثَاقَهُۥٓ أَحَدٞ ٢٦

**26}***Ammas hidhaa akka hidhaa ash karri ibiddaa ,nama Rabbitti kafare hidhee azaabatti darbuu, namni nama hidhu hin jiru, ma`naan kanaa :guyyaa boruu , namni nama Rabbitti kafarerra azzabamu , kan isarra hidhamee ibiddatti darbamu , hin jiru jechu' , ammoo nama Rabbittii amane , hoggaa inni du`atti jiru malaaykan akki jettuun.

يَٰٓأَيَّتُهَا ٱلنَّفۡسُ ٱلۡمُطۡمَئِنَّةُ ٢٧

**27}***Yaa, lubbuu nagaya qabdu , tan waan isii rifachiisu hin qabne.

ٱرۡجِعِيٓ إِلَىٰ رَبِّكِ

*Gara Rabbii keetii,gara amrii isaa , gara waan inni sii fedhee, gara sawaaba dalagaa teetii deebi'i,

رَاضِيَةٗ

*Sii jaalala qabu , kan gammachuu qabu

مَّرۡضِيَّةٗ ٢٨

**28}***Sii Rabbi biratti jaalatamu kan rabbiin

dalagaa tee sirraa jaalatee qeebale atis sii

sawaaba inni sii kenneen gammadu, gara Rabbii deebi`i je`aniinii dabaalan , ammoo aakhira`atti wanni lubbuu isaatin je`amu.

**29}***Gabroottan kiyya gagaarota akka anbiya`atti ida`amii. فَٱدۡخُلِي فِي عِبَٰدِي ﴿٢٩﴾

**30}***Jannata kiyya isaanin wajji seeni je`aan Rabbiin. وَٱدۡخُلِي جَنَّتِي ﴿٣٠﴾